# GALMEE GUYYAA FILANNOO

*Guyyaa filannoo bakka itti filattanitti galmaa'uuf, ragaa iddoo jireenyaa armaan gaditti tarreeffaman keessaa tokko qabadhaa koottaa.*

## ① *WARAQAA EENYUMMAA MAQAA FI TEESSOO AMMAA QABU*

- Hayyama konkolaachisummaa Minnesota seera qabeessa ta'e, hayyama barataa ykn waraqaa eenyummaa; yookiin nagahee kaffaltii kanneen keessaa kamiyyuu.
- Waraqaa eenyummaa Gosaa (Tribal ID) maqaa, teessoo, suuraa fi mallattoo qabu.

## ② *WARAQAA EENYUMMAA SUURAA QABU, DABALATAAN SANADA MAQAA FI TEESSOO KEESSAN KAN YEROO AMMAA QABU*

### Waraqaalee eenyummaa suuraa qaban kan raggaasifaman

*Tokko filadhaa. Kan yeroon irra darbe ta'uu danda'a.*

Hayyama konkolaachisummaa, waraqaa eenyummaa isteetii yookiin hayyama barataa kan isteetii kamiyyuun kenname

Paaspoortii U.S.

Waraqaa eenyummaa Loltuu U.S. yookiin Loltoota soorama bahan

Waraqaa eenyummaa gosaa kan maqaa qabu, mallattoo fi suura

Waraqaa eenyummaa Yuunivarsiitii, kolleejjii yookiin kolleejjii teeknikaa Minnesota

Waraqaa eenyummaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Minnesota

### RAGAALEE FUDHATAMA QABAN

*Tokko filadhaa. Meeshaa elektirooniksii irratti agarsiifamuu ni danda'ama.*

Nagahee kaffaltii, ibsa herregaa yookiin ibsa tajaajila jalqabuu kan guyyaa filannoo dura guyyoota 30 keessatti kaffaltiin isaa kaffalame yookiin guyyaa qabu, kanneen armaan gadiitiif kenname:

* Bilbilaa, TV yookiin Interneetii
* Balfa jajjaboo, dhangala'aa, ibsaa, gaazii yookiin bishaanii
* Baankii yookiin kaardii kireeditii
* Kiraa yookiin liqii mana jireenyaa

Liizii mana jireenyaa yookiin waliigaltee kiraa kan hamma guyyaa filannootti hojjetu

Ibsa kaffaltii barataa kan yeroo ammaa

*karaa duubaa itti fufa...*

**Waajjira Sekreetarii Isteetii Minnesota**

*mnvotes.gov • BILBILA: 1-877-600-VOTE • ERGAA GABAABAA: 651-217-3862*

# GALMEE GUYYAA FILANNOO

VOTE 2026

### ③ *FILATAA GALMAA'E KAN TEESSOO KEESSAN MIRKANEESSUUDANDA'U*

Filataan naannoo keessanitti galmaa'e tokko isin wajjin gara bakka filannoo deemee kakuu raawwachuun teessoo keessan mirkaneessuu ni danda'a. Kunis "ragaa ta' uu" jedhamee beekama. Filataan galmaa'e tokko filattoota hanga saddeetii ta'aniif ragaa ta'uu danda'a. Yoo namni biraa isiniif ragaa ta'e, isin immoo namoota biroof ragaa ta'uu hin dandeessan.

### ④ *WARAQAA EENYUMMAA SUURAA QABU FI TARREE MANA JIREENYA BARATAA*

Koolleejjoonnii fi yuunivarsiitiiwwan barattoota gargaarsa maallaqaa mootummaa fudhatan galmeessan, tarree mana jireenya barattootaa aangawoota filannootiif erguu qabu. Tarreen kun barattoota kaampaasii keessa jiraatanii fi kanneen teessoo isaanii kan yeroo ammaa mana barumsichaaf kennanii fi magaalicha kaampaasiin sun keessatti keessa jiraatan of keessatti qabata. Yoo isin tarree sana irratti argamtan, galmee keessan xumuruuf waraqaa eenyummaa suuraa qabu kamiyyuukan sadarkaa lakkoofsa 2 irratti tarreeffame agarsiisaa.

### ⑤ *GALMEE FILANNOO KAN NAANNOO SANATTI FUDHATAMA QABU*

Yoo naannoo filannoo sana keessatti galmooftan garuu maqaa geeddartan yookiin naannuma sana keessatti teessoo jijjiirratan, qondaala filannootti maqaa yookiin teessoo keessan isa duraa itti himuu qofaatu isinirraa eegama.

### ⑥ *BEEKSIISA GALMEE BARFATEE*

Yoo guyyaa filannoo dura guyyoota 20 keessatti galmooftan, Beeksiisa Galmee Barfatee poostaan isiniif ergamuu danda'a. Xalayaa kana qabattanii dhufuun akka ragaa teessoo keessaniitti galmaa'uuf itti fayyadamaa.

### ⑦ *HOJJETAA DHAABBATA MANA JIREENYAA*

Yoo dhaabbata mana jireenyaa keessa jiraattu ta'e, hojjetaan achi hojjetu tokko isinii wajjin gara buufata filannoo deemee teessoo keessan mirkaneessuu ni danda'a. Kunis "ragaa ta' uu" jedhamee beekama. Hojjetaan mana jireenyaa tokko namoota filannoodhaaf ulaagaa guutan kanneen dhaabbata sana keessa jiraatan hundaaf ragaa ta' uu ni danda'a.